Kutaa 3ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 3ffaa

Barumsa Saglaffaa:- Sadan Tokkummaa Waaqaa 5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8 . Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa sagalaffaa:- Sadan tokkummaa Waaqaa (Waaqa Abbaa, Waaqa Ilmaa fi Waaqa Hafuura Qulqulluu)

Qalbiini namaa yeroo tokkotti bakka tokkotti, waa hubachuu fi waa qalbeeffachuuf dandeettiini ishii waan diqqoo ta'eef, namni guutumaan guutuutti waayee Waaqaa hubachuu hin danda'u. Barumsii waayee sadan tokkummaa Waaqaa kunis waan namni tokko beekumsa barumsa kaan hubatu sanaan jecha wanni kun akkana, sunis akkasi jechuun namaa ibsuu danda'uu miti. Barumsi kun guutumaan guutuutti beekumsa namaatii oli.

Eennummaa Waaqaa namaa ibsuu yaaluuni waan laafaa hin ta'u. Ta'us haguma kitaabni Waaqaa ibsuu fi haguma karaa hafuura qulqulluutiin hubanne sirriitti waayee Waaqaa dubbachuu dandeenna.

"Dhossaan waan kanaa kan Waaqa keenna Waaqayyooti; wonni ifatti bahe immoo, akka nu dubbii seera kanaa eegnuu fi hanga bara baraatti keennaa fi kan ilmaani keennaati. Kitaaba seera Keessa Deebii 29:29

Amala Waaqaa Kan eennummaa isaa

1. Inni qulqulluu dha. Kitaaba Leewii 19:2, Phe 1ffaa 1:15
2. Inni qajeelaa fi abbaa murtii tolaa. (Far 119:137)
3. Inni dhugaa-qabeessaa fi amanamaa dha. Yoh 17:3, Tit 1:1-2 (Seeraa Keessa Deebii 7 :9 ; Far 89:1-2)
4. Inni Abbaa araaraatii fi garaa laafessa: Far 103: 8-17; 111: 4)
5. Inni jaalala :- Yoh 3:16, Rom 5:8, Yoh 1ffaa 4:7-10
6. Inni Qaroo:- (Fak 3:19, Isa 40:28)

Akka Waaqni jiru (Jiraachuu Waaqaatii fi Amala Isaa)

1. Isa namni hin uumne: baraa hanga barabaraattis ufumaan ni jiraata. (Kitaaba Ba'i 3:13-14)
2. Inni Waaqa ufumaan dandeettii qabuudha:- (Far 50:10-12, Isa 40:13-14)
3. Inni Waaqa barabaraati (K Deb 33:27, Far 90:2, Isa 40:28
4. Bakkaan, dandeetti fi beekumsaan hin daangeffamu. (Mot 1ffaa 8:27, Er 23:24, Isa 40:12-26, Far 139:7-12; Uum 18:14, Mul 19:6, Far 139: 2-6)
5. Inni Waaqa guddaa waan cufaan oliiti: (Isa 44:44, Isa 46:9, Xim 1ffaa 1:17)
6. Inni Hafuura (nafa hin qabu): (Yoh 4:24
7. Inni tokkuma, ammas sadii: (K.deb 6:4-5, Mat 28:19, Qor 2ffaa 13:14)

Tokko Ta'uu Waaqaa

Waaqni lakkoobsaan tokkuma. Nu Waaqa tokko qofa qabna. Kitaabii Seera Keessa Deebii 6:4, "Yaa Israa'el waan kana dhagayi; Waaqayyo, Waaqni keenna Waaqa tokkicha. Atis Waaqayyo Waaqa kee, garaa kee guutuun, lubbuu tee guutuu fi jabeenna kee guutuun jaaladhu" jedha. Ammallee mee kana irratti kutaalee kanniinii dubbisi: (Qor 1ffaa 8:4; Xim1ffaa 2:5 Efe 4:6, Yoh 1:30)

Seerri Waaqni Kakuu Abrahaamii kakate sana herregee worra Israa'eli biyya Gibxii keessaa baasee lafa diriirtuu naannoo gaara Siinaatti karaa Muuseetiin kenneef kan jalqabaa, "na malee Waaqa dhibii hin qabaatin" jedha, Kitaaba Seera Bayiisaa 20:3. Wonni warri Israa'eli waamameef guddoon sababii warri Gibxiitii, warri Kana'aaniitii fi warri naannoo Kana'aanii jiraatan martinuu Waaqota dhibii Waaqeffataniif, akka isaani immoo akka Waaqni isaanii Waaquma ta'e dhugeessanii fi akka warri ormootaa hundi

Waaqa tokkicha kana beekanii isuma Waaqeffataniifi. Waaqni waan namni Waaqeffatu cufumaan oli; (Sen 2ffaa 2:5)

Sadii ta'uu Waaqaa

Bara kakuu moofaa keessa Waaqni walumaa galatti tokko qofa ta'uun beekama. Akki inni amalaan sadii ta'i eegii Yesuus Kiristoos nafa foonii uffatee gara biyya lafaa dhufeen booddee ifatti baye. Ta'us kutaan kitaabaa kan akka Waaqni lakkoobsaan tokkoo oli ta'e agarsiisu kitaaba Waaqaa keessa hedduu dha.

Kutaalee Kitaaba Waaqaa kanneen Waaqni akka lakkoobsaan tokkoo oli ta'e isaani keessatti uf- muldhise.

1. Waaqayyo, " Koottaa bifa keennaa fi fakkeenna keennaan nama uumnaa" jedha. (Uum 1:26)
2. Waaqayyo Waaqni, " Kunoo Addaam waan gaarii fi waan hamaa beekuu irratti nu keessaa akka nama (isa) tokkoo ta'eera" jedhe. (Uum 3:22)
3. Waaqayyo, "...Koottaa gadi buunee akka namni tokko dubbii nama kaanii hin dhageenneef achumaan afaan isaanii wal milliqsinaa" jedhe. (Uum 11: 6,7)

Kutaalee Kitaaba Waaqaa kanneen akka Waaqni sadii ta'e agarsiisan

4. "Natti dhiyaadhaatii waan kana dhagayaa. Ani durumaa jalqabee dhossaan hin dubbanne; bara wanni kun ta'ee jalqabee ani achuma ture. Amma immoo Waaqayyo gooftaa fi hafuurri na erganiiru." (Isa 48:16). Yoo boqonnaa kana lakkoobsa kudhanii lama irraa jalqabnee dubbifne akka jechii " ani" jedhu kun kan Isaayyaas hin ta'inii garuu Waaqota keessaa kan isa tokkoo ta'e hubanna. Yoo

Waaqayyo gooftaa hafuuraa jedhullee akka jarri lachuu (Abbaa fi hafuurri qulqulluun) lakkoobsa keessa jiran agarsiisa.

5. "Yesuus cuuphamee bishaani keessaa bayee jennaan samiin banamee hafuurri Waaqaa bifa saphaliisaatiin gadi bu'ee isa irra qubate. Qoonqi (sagaleen) tokkos samii irraa," Ilmi kiyya kan ani itti gammadu, kan ani jaaladhu isa kana" jedhe . (Mat 3:16-17). Kutaa kana keessatti akka yeroo ilmi cuuphametti Hafuurri Qulqulluun fakkeenna nafaatiin gadi bu'ee fi akka Abbaanis dubbata dhageenna?

6. "Kanaaf dhaqaati addunyaa hunda maqaa Abbaatiin, Maqaa Ilmaatii fi maqaa Hafuura Qulqulluutiin cuuphaa; akka isaan waan ani isin ajaje cufa eegan isaan barsiisaatii barattoota isaan taasisaa." (Mat 28:19)

7. "Ayyaanni Gooftaa Yesuusi, jaalalli Waaqayyo Abbaatii fi tokkummaan Hafuura Qulqulluu isin mara waliin haa ta'uu. (Qor 2^{ffaa} 13:14)

Kutaan Kun:-

A. Akka Waaqayyo Abbaan nu jaalatu agarsiisa:- "Waaqayyo Abbaani hanga Ilmuma ufii tokkocha kennutti, akkasumatti biyya lafaa jaalateera." (Yoh 3:16)

B. Kiristoos Yesuus ayyaana ufii isaa nuu kenne. " Dubbiini foon ta'e ayyaanaa fi dhugaan guutamee jidduu keenna jiraate. Seerrii Muuseef kenname; ayyaanaa fi dhugaan ammoo Yesuus Kiristoosiin dhufe. (Yoh 1:14+17)

C. Akka hafuurri qulqulluun Waaqaa fi amantoota waliin tokkummaa nuu kennu nu barsiisa.

"Nu hundi akka nu hafuura tokkoon nafa tokko taanuufcuuphamne. Hundi keennas hafuuruma tokko dhunneerra." Qor 1ffaa 12:13

Waaqa Abbaa

"Inni yeroo ulfinna Waaqaa guddaa sana keessaa qoonqi, Ilmi kiyya kan ani itti gammadu, kan ani jaaladhu isa kana jedhu sun dhufeef sanatti, Waaqa Abbaa irraa ulfinnaa fi galata argate." Phe 2ffaa 1:17 Waaqni Abbaani

"Akka namni isatti (Yesuus Kiristoositti) amanu hundinuu jireenna barabaraa qabaatuuf malee akka hinbanneef jedhee haga ilmuma isaa tokkocha namaa kennutti akkasumaan addunyaa jaalate." Yoh 3:16

Yoo nu kutaalee kanniini fi kanneen gara biraa itti idaanee ilaallu:- Waaqni Abbaan;

1. Abbaafi too'ataa uumama maraa ti.
2. Abbaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiiti.
3. Cubbuu keennaaf jedhee Ilma ufii tokkicha dabarsee nuu kenne.

WAAQA ILMA

Waaqni Ilmi (Gooftaan keenna Yesuus Kiristoos) Waaqa Maariyaam gaaltama (geessuu) qulqullittii irraa dhalachuun nafa foonii uffatee, nama fayyisuuf jedhee gara addunyaa kanaatti gadi bu'e; ergama dhufeef sanallee haga du'a fannoo irratti obsuun ajajamee fiixaan baafate; sana booddees guyyaa sadaffaatti du'aa ka'ee samiitti oli deebi'ee Waaqa Abbaa mirga taa'ee dha.

Yohaannisi Ergamtichis wangeela barreesse keessatti akkana jedhe; "jalqabatti dubbiittu ture; dubbiin sunis Waaqa waliin ture; dubbiin sunis Waaquma ture. Dubbiin kunis uumamaa jalqabee Waaqa wojjiin ture. Wonni martinuu isaan ta'e. Waan ta'e keessaas wonni isa malee ta'e tokkolleeni hin jiru. .... Dubbiin sun

nafa fooni uffate; ayyaanaa fi dhugaan guutamtee jidduu keenna jiraate." (Yoh 1:1-3,14)

"Ayyaanni kunis akka nu cubbuu hojjachuu fi dharraa waan lafaa lagannee abdii keenya kan eebbifame sana jechuunis ulfinnaan muldhachuu Waaqaa fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii eegachaa jiraannu nu barsiisa." Tit 2:13. Kutaan Kitaabaa kun akka Yesuus Kiristoos (Ilmi Waaqaa) guddaa ta'e ifatti baasee dubbata. Gooftaan kun yoo amma nama hirdhinna hin qabne ta'ellee durii jalqabee guutummaatti Waaqa. "Inni (Ilmi) Otuma bifa Waaqaatiin jiraatuu bakka Waaqaa fudhachuu yaaluu akka waan dansaatti hin ilaalle." Fil 2:6

"Inni (ilmi) fakkeenna Waaqa hin muldhanne sanaati. Wonni muldhatuu fi wonni hin muldhannelleeni, barcumaa ulfinnaa yookiin gooftummaan, guddinni yookaan humni, Wonni lafa irra jiruu fi wonni samii keessa jiru cuftinuu isaan uumame." Qol 1:15-17.
Yesuus Kiristoos yoo Ilma Waaqaa jedhamee waamamu tokkummaa inni Abbaa waliin qabu agarsiisuuf malee, wonni kun waan akka Abbaani isa uume yookaan akka innillee jalqaba qabu agarsiisuu miti.

Waaqa Hafuura Qulqulluu (Ayyaana Woyyuu)

Wonni erga Yesuus Kiristoos du'aa ka'e guyyaa 50ffaatti (guyyaa Pheenxeqosxeetti) gara addunyaa kanaa dhufee ergamtoota jabeennaan guute sun Hafuura Qulqulluu dha. (HuE 2:1) Innis gaafasii jalqabee lafa irra hojjachaa jira. Waan Hafuurri Qulqulluun hojjatu keessaa tokko tokko:-

- inni nu barsiisa, (Yoh 14:26a)
- inni Kirstoosii ulfinna kenna, (Yoh 16:14)
- inni amantootaa humna kenna., (HuE 1:8)
- inni akka addunyaan waayee cubbuu irratti uf qortu godha. (Yoh. 16:8)

- inni waan dhugaa ta'e nama herregsiisa. (Yoh 4:26b)
- inni jajjabeenna namaa kenna. (Yoh 14:16,26)
- Inni waan Abbaatii fi waan Ilmaa amantootaaf kenna, (Yoh 16:14-15)

Yeroo hedduu namni akka waan Hafuurri Qulqulluun jabeenna qofa ta'eetti isa ilaala. Hafuurri Qulqulluuni ammoo Waaqa haala ufii qabu: kanaafuu:-

1. Inni yaada namaa qajeelcha (Rom 8:27, Qor 1^{ffaa} 2:10)
2. Inni Eeyyama qaba, (waa nama dhowwa, karaa nama qajeelcha, ni dubbata, Waaqa kadhata). HuE 16: 6-7, HuE 10:19, Rom 8:26)
3. Wanni naannoo isaa jiruu isatti dhaga'ama (waa jaalachuu danda'a, (laaleffachuu/gadduu danda'a). (Rom 15:30, Efe 4:30)

Dubbiin Waaqaa akka Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta'e dubbata; Pheeexiroos, "yaa Hanaaniyaa, sheexanii maaliif akka ati Hafuura Qulqulluu sobdee horii lafa gurguratte sana irraa argatte hambifattu garaa kee guute? Ati Waaqa sobde malee nama hin sobne." HuE 5:3-4.

Ibsa barumsa Waayee sadan -tokkummaa Waaqaa Irratti Kenname.

1. Waaqa tokkicha gargari hin qoodamnettu jira. Waaqni lakkoobsaa fi haala amalaatiin tokkuma (S.K.Deb 6: 4)
2. Waaqa tokkicha kana keessa miseensa sadiittu jira.

(Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu). jechii miseensa jedhu kun guutummaatti haala sadan tokkummaa Waaqaa nuu ibsuu hin danda'u. Akkana jechuun miseensa yoo Waayee namaa ta'u, akka nama tokko qofa hin ta'inii fi akka namoonni gargari ta'an agarsiisa. Ta'us Waaqni sadan tokkummaa Waaqaa miseensota sadeen kanaan gargar bahee kophaa kophaa hin jiru. Kanaaf

Waaqni miseensummaa sadaniin Waaquma tokko ta'a. Waaqni amala/haala qofaanii mitii; lakkoobsaanis tokkuma.

3. Eenyummaa Waaqaa kan gargari hin qoodamnee fi kan dhuma hin qabne sana (Abbaani, Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun) sadeenuu guutumaan guutuutti walqixxeetti qaban. Waan miseensonni sadanuu haguma tokkoo figuutuu ta'aniifi inni tokko isa kaan caaluu yookaan hanqachuu hin danda'u. Kanaaf isaani sadeenuu ulfinnuma tokko qaban.

4. Waaqni Abbaani akkanumaan biyya lafaa jaalatee ilma ufii tokkicha (Waaqa Ilma) kenne. (Yoh 3:16) Waaqni Ilmilleen tissee dansaa ta'ee lubbuu ufii isaa dabarsee hoolota ufiitii kenne. (Yoh 10:11). Haafuurri Qulqulluunis akka namni sababii cubbuu hojjateetiif gaabbee gara Waaqa Abbaafi Waaqa Ilmaatti deebi'uuf, akka cubbuun namaa namatti dhagayamee namni dhaloota lammaffaa dhalatu nama gargaara. (Yoh 16:8, Tit 3:5).

5. Fakkenni waayee dhossaa sillaasee (sadii ta'uufi tokko ta'uu Waaqaa) haga danda'ametti ibsu tokko tokko kunoo jira:

A. Muka: hidda mukaa, (jirma) somaya, dameelee

B. Aduu: nafa aduu, ifa, oow'a/ bulluqa

C. Bishaan: dhangalaa'aa, danfa (finiinoo), cabbii.

Fakkenni kun waan gara dhossaa sadan tokkummaa Waaqaa waanuma xiqqoo hubachuuf karaa namaa kenna malee eennummaa Waaqaa muldhisuu hin danda'u. Fakkeenna kamiiniyyuu Waaqaan wal fakkeessuun sirrii hin ta'u.

"Eegaa isin Waaqa eennuun wol fakkeessitu? Yookiin fakkenna kamiin wol bira qabdanii ilaaltu?" (Isa 40:18)

Barumsa Sagalaffaa:- (Sadan Tokkummaa Waaqaa)

Lakkoobsa Waraqaa eennummaa: _____
Maqaa: _____
Teessoo (bakka jiraattu): _____
_____
_____

1. Haala eennummaa Waaqaa maqaa dhayiitii isaan keessaa haala tokko babaldhisii ibsi....
2. Amala Waaqaa kan maalummaa isaa agarsiisu maqaa dhayiitii isaan keessaa amala tokko babaldhisii ibsi.....
3. Jecha, " Waaqni lakkoobsaan tokko, miseensaan immoo sadii: jedhu sana akkamitti hubatta?
4. Maqaan miseensa Waaqaa (Sadan - tokkummaa Waaqaa) maal fa'a?
5. Waaqni Abbaani, Waaqni Ilmii fi Waaqni Hafuurri Qulqulluun dubbii Waaqaa keessatti maal hojjachuun beekamu? hujii isaan sadaniiyyuu tokko tokkoon gargari baasiitii ibsi:-
6. Dubbiini ergaa Ergamtoota tokko tokkoo dhuma irratti, fakkeennaaf, Qor 2^{ffaa} 13:14 keessatti , "ayyaannii Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosi (Waaqa Ilma), jaalalti Waaqayyoo (Waaqa Abbaa) tiifi tokkummaan Hafuura Qulqulluu hunda keessan woliin haa jiraattu" jedhu sun jireenna kee keessatti hiikkaa maal sii qaba?